

Gaaffii Waa'ee Uwwisa beenyaa hojjetootaa fi Vaayirasii Koroona (COVID-19)

1. Kanfaltiin yeroon hojiirra hin jirree koo ittii fuufaa?

Eeyyeen. Yoo isin miidhaa hojii waliin wal qabateef ykn sababa dhukkubaaf hojjechuu hin dandeenye, kanfaltiin sagantaa yeroo hojiirra hin jirree keessanii ittii fufa.

2. Waa'ee haala iyyannaa koof odeeffannoo eessaan argadhaa?

Odeeffannoo atoomaatikaa (automatic) Ingiliiffaan ykn Spaaniffaan kana irrattii bilbilaa argadhaa **1-800-831-5227**

3. Ajajniif fi beeksiisni kan dhumaa ta'aayii yoo yeroo hojiin koo cuufamee tureef xalayaa koo arguu badhe?

Yoo karaa dogongoora dhunfaa keessan hin ta'iniif ajaja sana arguu baattaniif, iyyannoo hoggantuuf akka isiin xalayaa sana hin arganne ibsuuf dhiyeessuu qabdu.

4. Chekii kakaasuu feedeeraalaa fudhachuun kiyya Chekii yeroon hojiirra hin jirree yookaan chekii kanfaltii sooramaa kiyya nii midhaayii?

Lakkii.

5. Karaa bilbilaan beelama fayyaa (meedikaalaa) fi beelama hojii gaafachuu nan danda'aa?

Eeyyeen.

6. Hakiimiin anaan hordofuu amman kana na arguu hin danda'u. Maalan godhaa?

Tajaajila kennituu kessaniin yoo isaan tajaajila yaalaa-fagoo (telehealth) kennu ta'e ykn karaa bilbilaan yoo isaan waliin galmaa'uu dandeessaniif gaafadhaa.

7. Karoorri tajaajila yaalaa koo bilbilaan eegamaa jira. Kunii akkamiin iyyannoo koo miidhaa?

Tajaajila yaalaa dabalataa barbaadduu taanaan iyyannoon keessan hin cufamu. Tajaajila karoora yaalaa akka fixxaniif yeroo isiniif nii kennina yeroo tajaajilli yaalaa deebi'ee eegalu.

8. Waayeen wareera vaayirasii koroona waan na yaaddeesseef madaallii fayyaa walabaa (IME) yeroo biraaf dabarsuu yookiin beellama biraa mijeessuu nan barbaada. Maalan godhaa?

Deebii argachuuf guyyaa beellama keessan irraa yoo xiqqaate guyyaa hojii 5 dursitanii indeessituu iyyannoo dubbisaa.

9. Sababa yaaddoo dhukkuba vaayirasii koroonaaf jecha beellama yaalaa ykn waldhaansa haquun ykn yeroo biraaf dabarsuun sirriidhaa?

Ogeessota yaala fayyaa waa'ee wanta kanaa maal akka siin gorsan dubbisiin.

10. Waan manni barnootaa ijoollee koo cufamee jiruuf, eegumsa ijoollee hin qabu kanaafuu beellama yaalaa ykn hojii yeroo biratti dabarsuu nan barbaada. Maalan godhaa?

Eegumsa ijoollee dhaaf taasisuuf waan hundumaa godhaa. Yoo hin danda'amneef, gorsaa hojii deebisanii-dhaabsisuu (VRC) ykn kennitoota tajaajila fayyaa dubbisaa.

11. Sababa vaayirasichaaf gara kutaa koo deemuu yookiin sagantaa ogummaa haaraa barachuu na yaachiisa. Maalan godhaa?

Yaadota kanneen biroo argachuuf VRC kee dubbisi.

12. Hojiin koo salphoon yeroodhaaf ture sababa vaayirasichaaf hin argamu. Maalan godhaa?

Qindeessituu iyyannoo kee dubbisii.

13. Sababa wareera koroonaa vaayiirasiif hojjechiisaan koo na ari'ee kanaafis iyyannoo banaan qabaa. Kuni akkamitti faayidaa koo na dhabsiisuu danda'aa?

Nutii ammas taanaan iyyannoo kee irratti waldhaansa yaala fudhatamaa ta'e ni dhugoomsina. Iyyannoo kee osoo hin cufiin dura waldhaansa kee akka akka xumurtuuf yeroo sii kennina.

14. Anii hojiif gadhiifameen turee, garuu hojiin itti deebi'ee hojjedhu hin qabu, dabalataaniis sababa wareera dhukkuba vaayirasii koroonaan gabaan hojii baay'ee muraasa dha. Maalan godhaa?

Akka carraa dhabuu ta'e, yoo takkaa hojjechuu eegaltan mummeen kun fayyidaawwan kanfaltii yeroo hojiirra hin jirree hin kennu. Kanfaltii hojii dhabuumsaaf darbuu dandeesuu ta'a karaa Muummee Nageenya Qaxarii (Employment Security Department).

15. L&I COVID-19 akka waan hojii waliin wal-qabataa ta'eetti ni eeyyamuu?

Haalota murtaawan keessatti, sababa hojii isaatiin hojjetaan sun dhukkubaaf saaxilamuun isaa guddaa yeroo ta'utti (fakkeenyaaf hojjetoota deebii yeroo jalqabaa ykn hojjetoota fayyaa nii dabalata). Dirqama wanti barraa'es jiraachuu qaba ykn saaxilamuu hojii waliin wal qabatee jiraachuu maluu fi waliiti dhufeenya hojjetaa/hojjechiisaa.

16. Yoomii dha L&I iyyannoo kan hin fudhanne?

Yeroo COVID-19'n qabamuun iddoo hojiichaaf akka tasaa ta'e (Kanneen akka hojjetaa waajjiraa kan hojjetaa akkasaa irraa dhukkubichaan qabame).

17. Akkamiinan iyyannoo COVID-19 dhiyeessuu danda'a?

Karaa bilbilaan: **1-877-561-3453**

Waajjira (biiroo) ogeessa fayyaa (doktoora) keettii (yeroo Gabaasa Balaa Tasaa xumurtu).